www.abyssinialaw.com

Waggaa 9ffaa ................. Lakk. 14
፱ኛ ዓመት ................................ ቁጥር 14
9th year ................................No. 14

Waxabajjii 30/1993
ሰኔ ፴ ቀን ፲፱፻፺፫
July 7th 2001

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለጫ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo ............ 16·25<br>ያንዱ ዋጋ ...........................”<br>Unit Price. ..........................” | Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ | Lakk. S. Poostaa ......... 1017<br>የፖ·ሣ·ቁጥር ..........................”<br>P.O.Box .............................. |

QABEENTAA

Labsii Lakk. 43/1993
"Labsii Abbaa Taayitaa Misooma Qabeenya Uumamaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe.
............................................ fuula 1

ማውጫ

አዋጅ ቁጥር ፵፫/፲፱፻፺፫
"የኦሮሚያ የተፈጥሮ ሀብት ልማትና የአካባቢ ጥበቃ ባለሥልጣን ማቋቋሚያ አዋጅ
.............................................. ገጽ ፩

CONTENT

Proclamation No. 43/2001
"Oromiya Natural Resources Development and Environment Protection Authority Establish Proclamation
..................................... Pag

## *Labsii Abbaa Taayitaa Misooma Qabeenya Uumamaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa Hundeessuudhaaf bahe*

Guddina jireenya dhalootа ammaas ta'ee kan gara fulduraatiif qabeenya uumamaa haala walirraa hin citneen, eegumsa, misooma fi fayyadma isaa mirkaneessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Eegumsi, misoomni fi ittifayyadamni qabeenya uumamaa naannoo irratti jijjiirama waan fiduuf;

Qulqullina naannoo eeguu fi kunuunsuun waan barbaachiseef;

Hojiiwwan misooma qabeenya uumamaa fi eegumsa naannoo qindoominaan gaggeessuudhaan kaayyoo kana galmaan kan ga'u qaama Mootummaa of danda'e dhaabuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 49(3)(a) irratti hundaa'uudhaan kan armaan gadii labsameera.

## የኦሮሚያ የተፈጥሮ ሀብት ልማትና የአካባቢ ጥበቃ ባለሥልጣን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ

የተፈጥሮ ሀብት ለአሁኑና ለቀጣዩ ትውልድ ብልጽግና በአግባብ መጠበቁን፣ መልማቱንና በዘላቂ መልኩ ጥቅም ላይ መዋሉን ማረጋገጥ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

የተፈጥሮ ሀብት ጥበቃ ልማትና አጠቃቀም በአካባቢ ላይ ተጽእኖ የሚያሳድር በመሆኑ፣

የአካባቢው ጥራት መጠበቅና ማጎልበት በማስፈለጉ፣

የተፈጥሮ ሀብት ልማትና የአካባቢ ጥበቃ ተግባራትን በአንድነት አቀናጅቶ እነዚህን ዓላማዎች ተግባራዊ የሚያደርግ ራሱን የቻለ መንግሥታዊ አካል ማቋቋም አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፣

በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ህገ-መንግሥት አንቀጽ ፵፱(፫) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጇል።

## *A PROCLAMATION TO ESTABLISH THE OROMIYA NATURAL RESOURCES DEVELOPMENT AND ENVIRONMENTAL PROTECTIO AUTHORITY*

WHEREAS, there is a need to ens sustainable conservation, developm and utilization of natural resources the welfare of present and fu generation;

WHEREAS, the conservation, development and utilization of the nat resources will affect the environmen

WHEREAS, it is necessary to tablish an autonomous governm organ which can carry out this objec by giving equal attention for na resources concerns and environme concerns;

Now, therefore, in accordance article 49(3)(a) of the constitution o Oromiya Regional State it is her proclaimed as follows:

www.abyssinialaw.com



1. *Mata Duree Gabaabaa*

Labsiin kun "Labsii Abbaa Taayitaa Misooma Qabeenya Uumamaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf bahe lakk. 43/1993" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. *Hiika*

Akkaataan seensa jechichaa hiika biraa kan keennisiisuuf yoo ta'ee malee Labsii kana keessatti:

1. "Eegumsa Naannoo" jechuun kan namaan misoomes ta'e kan uumaadhaan jiru naannoon kamiyyuu akka hin hazboofne, akka hin xuroofnee fi madaalli jireenya isaa akka hin faalloofne ta'e tajaajila misoomaa, guddina jireenya ilmaan namaatiifis ta'e kan biraatiif akka oolu kunuunsuu, to'achuu fi eeguu jechuudha.
2. "Naannoo" jechuun uumamaanis ta'ee namaan fooyya'anii ykn jijjiiramanii kan argaman qabiyyee lafaa fi lafaa alatti argaman kan qulqullinaa fi baayy'ina qabiyyee kanaa fi jireenya ilmoo namaa irratti dhiibbaa geessissuu danda'an hunda jechuudha.
3. "Nama" jechuun uumamaan nama kan ta'e ykn seeraan qaamni namummaa kan keennameef jechuudha.
4. "Qabeenya Uumamaa" jechuun Uumamaanis ta'ee namaan kan misoomee qabeenya bosona', bineensa bosona', biyyee fi bishaan jechudha.

3. *Hundeeffama*

1. Abbaan Taayitaa Misooma Qabeenya Uumamaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa (kanaan booda "Abbaa Taayitaa" jedhamee kan waamamu) qaama seerummaa kan qobu Labsii kanaan hundeeffameera.
2. Itti waamamummaan Abbaa Taayitichaa Koree Hojii Raawwachiftuu tiif ta'a.

4. *Waajjira Ol'aanaa*

Waajjirri Ol'aanaa Abbaa Taayitichaa magaalaa muummittii Oromiyaa keessatti ta'ee, godinaalee fi aanoolee keessatti waajjiraalee damee ni qabaata; achii gadittis akka barbaachisa ta'etti waajjira ni qabaata.

፩· አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ የተፈጥሮ ሀብት ልማትና የአካባቢ ጥበቃ ባለሥልጣን ማቋቋሚያ አዋጅ ቁጥር ፵፫ ፲፱፻፺፫" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

፪· ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ የተለየ ትርጉም የሚያሠጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፤

፩· "አካባቢ ጥበቃ" ማለት በሰው የለሙም ሆነ በተፈጥሮ ያሉ ማናቸውም አካባቢዎች ሳይበከሉ ሳይቆሸሹና የኑሮአቸው ሚዛን ሳይናጋ በዘላቂ መልኩ ለሰው ልጅ ልማትና እድገት እንዲውሉ መንከባከብ፤ መቆጣጠርና መጠበቅ ማለት ነው።

፪· "አካባቢ" ማለት በተፈጥሮም ሆነ በሰው እጅ ተሻሽለው ወይም ተለውጠው የሚገኙ በምድር ላይና ከምድር በላይ የሚገኙ ሀብቶችና እንዲሁም የእነዚህን ሀብቶች ጥራት፤ መጠንና በሰው ልጅ ህልውና ላይ ተጽእኖ ሊያደርሱ የሚችሉ ውጫዊ ክስተቶች ሁሉ ማለት ነው።

፫· "ሰው" ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በህግ የሰውነት መብት የተሠጠው አካል ማለት ነው።

፬· "የተፈጥሮ ሀብት" ማለት በሰው የለማውንም ሆነ በተፈጥሮ ያለውን የደን፤ የዱር አራዊት፤ የአፈርና ውኃ ሀብት ማለት ነው።

፫· መቋቋም

፩· የኦሮሚያ የተፈጥሮ ሀብት ልማትና የአካባቢ ጥበቃ (ከዚህ በኋላ "ባለሥልጣን" እየተባለ የሚጠራ) ህጋዊ ሰውነት ያለው የመንግሥት አካል በዚህ አዋጅ ተቋቁሟል።

፪· የባለሥልጣኑ ተጠሪነት ለሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ይሆናል።

፬· ዋና መሥሪያ ቤት

የባለሥልጣኑ ዋና መሥሪያ ቤት በኦሮሚያ ርዕሰ ከተማ ውስጥ ሆኖ በዞኖችና ወረዳዎች ቅርንጫፍ ጽ/ቤቶች ይኖሩታል። ከዚያ በታችም እንደ አስፈላጊነቱ ጽ/ቤቶች ይኖሩታል።

1. *Short title*

This proclamation may be cited as the ''Oromiya Natural Resources Development and Environmental Protection Authority establishment proclamation No 43/2001.''

2. *Definition*

Unless, the context, otherwise requires, in this proclamation:

1. ''Environmental protection'' means the protection of man made and natural environment from hazardous, pollution and ecosystem disturbing factors and use them for sustainable development and wellbeing of human being.
2. ''Environment'' means the totality of all resources whether in their natural state or modified or changed by man as well as the external condition and impacts which affect the quality and quantity of the said resources and the welfare of human beings.
3. ''Person'' means any natural and juridical person.
4. ''Natural Resources'' means forest, wildlife, soil and water resources that are either naturally available or developed by man.

3. *The Establishment of the Authority.*

1. The Oromiya Natural Resources Development and Environmental Protection Authority a body attributed legal personality (here in after refer to as ''Authority'') is here by established pursuant to this proclamation.
2. The Authority shall be accountable to the Executive Committee.

4. *Head Office of the Authority*

The Head Office of the Authority shall be situated in the capital city of the region; and it shall have branch offices at zonal and woreda level. It shall also have offices at lower levels as may be necessary.

www.abyssinialaw.com



5. *Kaayyoo*

*Kaayyowwan Abbaa Taayitichaa kan armaan gadii ni ta'u:*

1. Qabeenyi uumamaa osoo badiin itti hin dhaqqabin eegamee seeraan ittifayyadamuu fi misoomsudhaan guddina misooma diinagdee fi hawaasummaa dhaalota ammaatis ta'e kan gara fuulduraatiif faayidaa addaan hincinne akka kennuu danda'u gochuu;
2. Imaammata itti fayyadama lafaa kan qabeenya lafaa fi baayina uummataa irratti hundaa'ee qopheesuudhaan bulchiinsi lafaa seeran akka ta'uu gochuu.
3. Misoomni kam iyyuu seera Eegumsa Naannoo fi sirna ikoloojii irratti hundaa'ee osoo naannoo hin haazbeessini fi madaala uumaa hin faallesiin gaggeeffamaa jiraachuu isaa mirkaneessuu.

6. *Gurmaa'ina*

Abbaan Taayitichaa gurmaa'ina armaan gaditti ibsaman ni qabaata:

1. Mana maree Misooma Qabeenya Uumamaa fi Eegumsa Naannoo (kanaan booda "Mana maree" jedhamee kan waamamu);
2. Muudamni isaanii koree hojii raawwachiiftutiin kan ta'e Oogganaa tokkoo fi akka barbaachisaa ta'etti itti aanaa ogganaa;
3. Hojjetoota barbaachisaa ta'an.

7. *Miseensota Mana Maree*

Manni marichaa miseensota armaan gadittii ibsaman ni qabaata:

1. Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa _ Walittiqabaa
2. Ittigaafatamaa Damee Diinagdee Mootummaa Naannoo Oromiyaa I/aanaa walittiqaba
3. Ittigaafatamaa Damee Hawaasummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa _ Miseensa
4. Oogganaa ykn bakka bu'aa Biiroo Misooma Qonnaa Oromiyaa _Miseensa
5. Oogganaa ykn bakka bu'aa Biiroo Karoora fi Misooma Diinagdee _____ Miseensa
6. Oogganaa ykn bakka bu'aa Waajjira Investimantii Oromiyaa _________Miseensa
7. Oogganaa ykn bakka bu'aa Biiroo Bishaan, Albuudaa fi Inarjii Oromiyaa _Miseensa

፭· ዓላማ

የባለሥልጣኑ ዓላማዎች ከዚህ በታች የተመለከቱት ይሆናሉ፡—

፩· የተፈጥሮ ሀብት ጉዳት ሳይደርስበት ተጠብቆ በስርዓት በመጠቀምና በማልማት ለአሁኑና ለቀጣዩ ትውልድ የኢኮኖሚና ማኀበራዊ ልማት እድገት ዘላቂ ጥቅም መስጠት እንዲችል ማድረግ፤

፪· የመሬት ሀብትንና የሕዝብ ብዛትን መሠረት ያደረገ የመሬት አጠቃቀም ፖሊሲን በማዘጋጀት የመሬት አስተዳደር ህግና ሥርአትን የተከተለ እንዲሆን ማድረግ፤

፫· ማንኛውም ልማት የአካባቢ ጥበቃና የኢኮሎጂ ሚዛን ደንብና ሥርዓት ላይ ተመርኩዞ አካባቢን ሳይበክልና የተፈጥሮ ሚዛን ሳያዛባ መካሄዱን ማረጋገጥ።

፮· አደረጃጀት

ባለሥልጣኑ ከዚህ በታች የተጠቀሱትን አደረጃጀት ይኖረዋል።

፩· የተፈጥሮ ሀብት ልማትና የአካባቢ ጥበቃ ጉባኤ ከዚህ በኋላ "ጉባኤ" እየተባለ የሚጠራው፣

፪· በሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ የሚሾሙት አንድ ኃላፊና አስፈላጊ የሆኑ ምክትል ኃላፊዎች

፫· አስፈላጊ የሆኑ ሠራተኞች።

፯· የጉባኤው አባላት

ጉባኤው የሚከተሉትን አባላት ይኖሩታል፡—

፩· የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት — ሰብሳቢ

፪· የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የኢኮኖሚ ዘርፍ ኃላፊ — ም/ሰብሳቢ

፫· የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የማኀበራዊ ዘርፍ ኃላፊ — አባል

፬· የኦሮሚያ ግብርና ልማት ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፭· የኦሮሚያ ፕላንና ኢኮኖሚ ልማት ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፮· የኦሮሚያ ኢንቨስትመንት ጽ/ቤት ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፯· የኦሮሚያ ውኃ ማዕድንና ኢነርጂ ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

5. *Objective:*

Objectives of the Authority are the following:

1. Assure the proper conservation of the natural resources through judicious use and development to enhance its sustainable contribution for achieving economic and social development of present and future generation.
2. Assure the judicious land administration through formulation of land use policy that is based on land resources and number of population.
3. Ensure that all economic development shall be implemented based on the Regulation of Environmental Protetion and laws of ecological balance, without polluting and adversely affecting the environment and the ecosystem.

6. *Organization*

The Authority shall have the following organization:

1. The Natural Resources Development and Environmental Protection Council (here in after referred to as "Council")
2. A General Manager and necessary Deputy General Managers who are appointed by the Executive Committee.
3. Other necessary employees.

7. *Members of the Council.*

The council shall have the following members:

1. President of Oromiya Regional State _____________ Chairman
2. Head of Economic Sector of Oromiya Regional State ___ Vice chairman.
3. Head of Social sector of Oromiya Regional State _______ Member
4. Head or Representative of Oromiya Agricultural Development Bureau _____________ Member
5. Head or Representative of Oromiya Planning & Economic Development Bureau _______ Member.
6. Head or Representative of Oromiya Investment Office _ Member
7. Head or Representative of Oromiya Water, Mines & Energy Bureau _____________ Member

www.abyssinialaw.com

8. *Ooggana ykn bakka bu'aa Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa ______ Miseensa*
9. *Ooggana ykn bakka bu'aa Biiroo Dagaagina Hojii Waldaa Gamtaa Oromiyaa ______ Miseensa*
10. *Ooggana ykn bakka bu'aa Abbaa Taayitaa Daandii Baadiyyaa Oromiyaa _ Miseensa*
11. *Ooggana ykn bakka bu'aa Biiroo Barnoota Oromiyaa __ Miseensa*
12. *Ooggana ykn bakka bu'aa Biiroo Daldala, Induustirii fi Tuuriiziimii Oromiyaa ______ Miseensa*
13. *Ittigaafatamtuu ykn bakka bu'aa Dhimma Dubartoota Oromiyaa ______ Miseensa*
14. *Dayreektaara Ol'aanaa ykn bakka bu'aa Instiituutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa ____ Miseensa*
15. *Ooggana ykn bakka bu'aa Abbaa Taayitaa Misooma Jallisii Oromiyaa __ Miseensa*
16. *Ooggana ykn bakka bu'aa Komiishiinii Ittisa Balaa fi Qophi'na Oromiyaa ______ Miseensa*
17. *Ooggana ykn bakka bu'aa Biiroo Faayinaansii Oromiyaa ______ Miseensa*
18. *Ooggana ykn bakka bu'aa Biiroo Aadaa fi Beeksisa Oromiyaa ______ Miseensa*
19. *Ooggana ykn bakka bu'aa Biiroo Dhimma Seera Oromiyaa ______ Miseensa*
20. *Dura taa'aa ykn bakka bu'aa Waldaa Dargaggoota Oromiyaa ______ Miseensa*
21. *Dura Taa'aa ykn Bakka bu'aa Waldaa Dubartoota Oromiyaa ______ Miseena*
22. *Ooggana ykn bakka bu'aa Abbaa Taayitichaa Miseensa fi Barresaa*

8. *Aangoo Mana Marii*

Manni marichaa aangoo armaan gadii ni qabata:

1. Imaammata Misoomaa Qabeenya Uumamaa fi Egumsa Naannoo irratti mari'atee,
2. Qajeelfamaa fi sagantaa Abbaan Taayitichaa qopheesse gamaaggamee koree hojii raawwachiiftuuf dhiyeessa.

9. *Walgahii Mana Maree*

1. Manni marichaa yoo xiqqaate waggaa keessatti yeroo lama walgahii ni gaggeessa; barbaachisaa ta'ee yoo argames, walgahii ariifachiisaa ni adeemsisa.
2. Miseensoota Mana marii keesaa harki caalaan walgahii irratti yoo argaman walgahiichi adeemsifamuu ni danda'a.

፰· የኦሮሚያ ጤና ጥበቃ ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፱· የኦሮሚያ የኅብረት ሥራ ማኅበራት ማስፋፊያ ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፲· የኦሮሚያ ገጠር መንገድ ልማት ባለ ሥልጣን ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፲፩· የኦሮሚያ ትምህርት ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፲፪· የኦሮሚያ ንግድ፡ ኢንዱስትሪና ቱሪዝም ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ አባል

፲፫· የኦሮሚያ የሴቶች ጉዳይ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፲፬· የኦሮሚያ ግብርና ምርምር ኢንስቲትዩት ዋና ዳይሬክተር ወይም ተወካይ — አባል

፲፭· የኦሮሚያ መስኖ ልማት ባለሥልጣን ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፲፮· የኦሮሚያ የአደጋ መከላከልና ዝግጁነት ኮሚሽን ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፲፯· የኦሮሚያ ፋይናንስ ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፲፰· የኦሮሚያ ባህልና ማስታወቂያ ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፲፱· የኦሮሚያ ፍትህ ቢሮ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባል

፳· የኦሮሚያ ወጣቶች ማኅበር ሊ/መንበር ወይም ተወካይ — አባል

፳፩· የኦሮሚያ ሴቶች ማህበር ሊቀ መንበር ወይም ተወካይ — አባል

፳፪· የባለሥልጣኑ ኃላፊ ወይም ተወካይ — አባልና ፀሀፊ

፰· <u>የጉባኤው ሥልጣን</u>

ጉባኤው የሚከተሉትን ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፤

፩· በተፈጥሮ ሀብት ልማትና የአካባቢ ጥበቃ የፖሊሲ ጉዳዮች ላይ መክሮ፤

፪· ባለሥልጣኑ የሚያወጣቸውን መመሪያዎችና የድርጊት መርሃ ግብሮችን መርምሮ ለሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ያቀርባል።

፱· <u>የጉባዔው ስብሰባ</u>

፩· ጉባዔው በያንስ በዓመት ሁለት ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ያደርጋል ፤ አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝም አስቸኳይ ስብሰባ ያደርጋል።

፪· ከጉባዔው አባላት አብዛኛዎቹ በስብሰባው ላይ ከተገኙ ምልዓተ ጉባዔ ይሆናል።

8. *Head or Representative of Oromiya Health Bureau — Member.*
9. *Head or Representative of Oromiya Cooperative Promotion Bureau ___ Member.*
10. *General Manager or Representative of Oromiya Rural Road Development Authority ______ Member.*
11. *Head or Representative of Oromiya Education Bureau — Member.*
12. *Head or Representative of Oromiya Trade, Industry & Tourism Bureau ______ Member.*
13. *Head or Representative of Oromiya Women's Affair ___ Member.*
14. *General Director or Representative of Oromiya Agricultural Research Institute ______ Member.*
15. *General Manager or Representative of Oromiya Irrigation Authority ______ Member.*
16. *Head or Representative of Oromiya Disaster Prevention & Preparedness Commission ____ Member.*
17. *Head or Representative of Oromiya Finance Bureau ____ Member.*
18. *Head dr representative of Oromiya Culture and Information Bureau _ Member.*
19. *Head or Representative of Oromiya Justice Bureau ____ Member.*
20. *Chairman or Representative of Oromiya Youth association ______ Member.*
21. *Chairwoman or Representative of Oromiya Women's association __ Member.*
22. *General Manager or Representative of the Authority . Member and Secretary.*

8. *The power of the council*

The Council shall have the following power:

1. Having reviewed the policy matters pertaining to natural resources development and environmental protection; and
2. Having evaluated the directives and programs issued by the Authority; Submit same to the Executive Committee.

9. Meeting of the Council

1. The council shall hold regular meetings at least twice a year; it may at any time hold an extraordinary meeting whenever found necessary.
2. There shall be a forum where the majority of the members of the council are present at its meetings.

www.abyssinialaw.com



3. Murteen mana marichaa caalmaa sagaleetiin dabra; lakkoofsi sagalee yoo walqixa ta'e, walitti qabaan mana marichaa sagalee murteessaa ni qabaata.
4. Manni marichaa seera walgahii isaa ni baafata.

10. *Aangoo fi Hojii Abbaa Taayitichaa*

Abbaan Taayitichaa:

1. Imaammata, tarsiimoo fi sagantaa misooma qabeenya uumamaa fi eegumsa naannoo, akkasumas karoora itti fayyadama lafaa qopheessee Mootummaaf ni dhiyeessa; yoo hayyamames hojii irra ni oolcha;
2. Omishummaa lafaa fi garaagarummaa agro-ikoolojii adda addaa irratti hundaa'uudhaan giddugaleessa qabiyyee lafaa qoratee ni dhiyeessa; yeeroo murtaa'uus hojii irra ooluu isaa ni hordofa;
3. Haala qabatamaa naannoo irratti hundaa'ee qorannoo gaggeessudhaan hojiiwwan eegumsaa fi misooma biyyee fi bishaanii ni raawwata;
4. Bakka hanqinni roobaa jiru-tti bishaan biyyoo keessatti akka kuusamu ni taasisa; haroon akka qotamu deggersa ni godha;
5. Bosona Mootummaa, paarkii, dawoo bineensa bosonaa fi lafa biqiltuun mukaa itti dhaabbatuu fi lafa adamoo bineensa bosonaa ni daangeessa; ni galmeessa; ni bulcha;
6. Sagantaa misooma bosonaa ni qopheessa; hojii irra ni oolcha; uummanni, abbootiin qabeenyaa dhuunffaa, dhaabbileen mootummaa fi miti-mootummaa bosona isaanii akka misoomsan haala ni mijeessa; gargaarsa teeknikaa ni kenna;
7. Uummanni naannoo bosonaa, paarkii fi dawoo bineensa bosonaa jiraatu sochii eegumsaa fi misoomaa irratti akka hirmaatuu fi qabeenya bosonaa fi bineensa bosonaa irraa bu'aa akka argatu haala ni mijeessa; hojii irra ni oolcha;
8. Gosa mukaa, bineensa bosonaa, simbirroo fi walumaagala qabeenya sanyii badiif saaxila bahan xiyyeeffannoo addaa keennuudhaan ni eegaa; ni misoomsa;
9. Qaamolee daldala bu'aa bosonaa fi bineensa bosonaa; adamoo fi horsiisa bineensa bosonaa irratti hirmaataniif hayyama fi deeggarsa ni kenaa; raawwii isaanitiis ni to'ata;

፫· የጉባዔው ውሳኔዎች በድምጽ ብልጫ ያልፋሉ፤ ድምጽ እኩል በእኩል የተከፈለ እንደሆነ ሰብሳቢው ወሳኝ ድምጽ ይኖረዋል።
፬· ጉባዔው የራሱን የስብሰባ ሥነ-ሥርዓትና ደንብ ያወጣል።

፲· የባለሥልጣኑ ሥልጣንና ተግባር

ባለሥልጣኑ፦

፩· የተፈጥሮ ሀብት ልማትና የአካባቢ ጥበቃን ስትራቴጂና ፕሮግራም እንዲሁም የመሬት አጠቃቀምን ፖሊሲ አዘጋጅቶ ለመንግሥት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም በተግባር ያውላል፤
፪· የመሬት ምርታማነትንና የአግሮ-ኢኮሎጂ ልዩነቶችን በማገናዘብ አማካይ የመሬት ይዞታን አጥንቶ ያቀርባል፤ ሲወሰንም ሥራ ላይ ያውላል።
፫· የክልሉን ተጨባጭ ሁኔታ መሠረት በማድረግ ጥናት በማካሄድ የአፈርና ውኃ ጥበቃና ልማት ሥራዎችን ያከናውናል፤
፬· የዝናብ እጥረት በሚያጋጥማቸው አካባቢዎች የውኃ ማቆሪያ ዘዴዎችን ያከናውናል፤ የውኃ ማጠራቀሚያ ኩሬዎችም እንዲገነቡ ድጋፍ ያደርጋል፤
፭· የመንግሥት ደኖችን፣ ፓርኮችን የዱር አራዊት መሰብሰቢያዎችንና ለደኖች መትከያና ለቁጥጥር አደን የተወሰኑ ሥፍራዎችን ይከልላል፤ ይመዘግባል፤ ያስተዳድራል፤
፮· የደን ልማት ፕሮግራም ያዘጋጃል፤ በሥራ ላይም ያውላል፤ በኅብረተሰቡ፤ በግል ባለሀብቶች፤ በመንግሥታዊና መንግሥታዊ ባልሆኑ ድርጅቶች የግል ደን የሚለማበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤ የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፤
፯· በመንግሥት ደኖች፤ በፓርኮችና በዱር አራዊት መጠለያዎች አካባቢ የሚኖረው ሕዝብ በጥበቃውና በልማቱ ተሳታፊና ከደንና ዱር አራዊት ሀብት ውጤትም የጥቅም ተካፋይ እንዲሆን ያበረታታል፤
፰· በብዛት የማይገኙና ለጥፋት የተጋለጡ የዕጽዋት፤ የእንስሳትና የአእዋፍ ዝርያዎች በአጠቃላይ የጄኔቲክ ሀብቶችን ይጠብቃል፤
፱· በደንና ዱር አራዊት ውጤቶች ንግድ፤ በዱር አራዊት አደንና እርባታ የሥራ መስኮች ለተሠማሩት ሰዎች ፈቃድና ድጋፍ ይሰጣል፤

3. *Decisions of the council shall made by a majority vote, in case tie chairman shall have a cas vote.*
4. *The council may draw up its rule procedure of the meeting.*

10. *Power and Duties of the Author*

The Authority Shall:

1. formulate and, upon appro implement the governm policies, strategies and p grams pertaining to the natu resources development, vironmental protection land use planning;
2. based on the productivity of land and different ag ecological zones, conduct st on average land holding s and implement the same u approval;
3. conduct study based on existing situation in the reg and thereby, implement and water conservation and velopment activities;
4. implement water-harves techniques in areas where th is moisture stress and prov assistance for construction ponds;
5. conduct demarcation inventory of and admini state forests, parks, sanctuar and areas for afforestation controlled hunting areas;
6. Prepare and implement fo development program; f litate and provide technical sistance for private initiativ forest development by c munity, private investors, vernment and non-governn organizations.
7. promote the participation local communities living aro state forests, parks and sa tuaries in conservation and velopment activities, and sharing the benefits deri from forest and wild products;
8. conserve and develop rare endangered endemic pl animal and bird species, genetic resources in general;
9. issue trading, hunting and ming licenses and render te nical support to persons deal in forest and wild products;

www.abyssinialaw.com



10. Bosona mootummaa, paarkii fi dawoo bineensa bosonaa keessatti ijaarsa bu'uraa misooma ni diriirsa ykn akka diriiran ni godha;
11. Nama kamiyyuu kan qabeenya bosonaa fi bineensa bosonaa irratti miidhaa geessise seeratti ni dhiyeessa.
12. Qabeenya lubbuu qabeeyyii fi hambaawwan seenaa qabeenya uumamaa wajjin kan walqabatan ni eega ykn akka eegaman ni godha, itti fayyadama isaanis ni to'ata;
13. Qaamni kam iyyuu misooma gaggeessuu gochi isaa naannoo irratti dhiibbaa akka hin fidne gamaaggama dhibbaa naannoo gaggeessuu isaa ni hordofa; ni to'ataa;
14. Hazbaa fi xuriin adda addaa warshaalee, magaalaa fi bakka biraa keessaa ba'u naannoo fi sirna ikoloojii akka hin xureessine ni to'ata; badiin geessisan yoo jiraate, tarkaanfii ni fudhata;
15. Haala qabatamaa naannoo Oromiyaa irratti hundaa'uudhan madaala sadarkaa naannoo ni qopheessa; dhaabbileen dhimmi ilaalu hojii irra oolchuu isaanii ni to'ata;
16. Ragaa Ikonomiiksii naannoo ni funaana; ni kuusaa; ni xiinxala; bu'aa qabeessas ni godha;
17. Misooma qabeenya uumamaa fi eegumsa naannoo ilaalchisee uummanni hubannoo cimaa akka argatu ni godha;
18. Abbaa qabeenyaa ni ta'a; waliigaltee ni godha; ni himata; ni himatama.
19. Hojii biraa kaayoosaa bakkan gahuuf gargaaran ni raawwata.

11. *Aangoo fi Hojii Oogganaa Abbaa Taayitichaa Ogganaan Abbaa Taayitichaa:*

1) Hojiiwaan Abbaa Taayitichaa ol-aantummaadhaan ni gageessaa; ni bulcha;
2) Sagantaa hojii fi bajataa Abbaa Taayitichaa ni qopheessa; yeroo hayyamamus, akkaata seera faayinaansiitiin hojii irra ni oolcha;
3) Akka seeraa hojjetoota Mootummaatti hojjetoota ni qaxara; ni bulcha; hojii irraa ni gaggeessa;
4) Herrega baankii Abbaa Taayitichaa ni bana; ni sochoosa;
5) Qaama sadaffaa wajjin walqunnamtii godhamu hunda irratti bakka bu'aa Abbaa Taayitichaa ni ta'a;

፲· በመንግሥት ደኖች ፣ በፓርኮችና በዱር አራዊት መጠለያዎች የመሠረተ ልማት አውታሮች ይዘረጋል፤ ወይም እንዲዘረጉ ያደርጋል፤
፲፩· በደንና ዱር አራዊት ሀብት ላይ ጉዳት ያደረሰውን ማንኛውንም ሰው ለሕግ ያቀርባል፤
፲፪· ሕይወታዊ ሀብትንና ከተፈጥሮ ሀብት ጋር የተያያዙትን ታሪካዊ ቅርሶችን ይጠብቃል ፤ ወይም እንዲጠበቁ ያደርጋል ፤ አጠቃቀማቸውንም ይቆጣጠራል፤
፲፫· ማንኛውንም ልማት የሚያካሂድ አካል ተግባሩ በአካባቢ ላይ ተጽዕኖ እንዳያመጣ የአካባቢ ተጽዕኖ ግምገማ ማድረጉን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
፲፬· ከፋብሪካዎች ከከተማዎችና ከሌላ ቦታዎች የሚወጡ የተለያዩ ብክለትና ቆሻሻዎች አካባቢንና ሥነ-ሕይወታዊ ማኅደርን እንዳያበላሹ ይቆጣጠራል፤ ጥፋት አድርሰው ቢገኙ እርምጃ ይወሰዳል፤
፲፭· በክልሉ ተጨባጭ ሁኔታ ላይ በመመሥረት የአካባቢ ጥበቃ ደረጃዎችን ያዘጋጃል፤ ጉዳዩ የሚመለከታቸው ድርጅቶችም ተግባራዊ ማድረጋቸውን ይቆጣጠራል፤
፲፮· የአካባቢ ኢኮኖሚክስ መረጃዎችን ይሰበስባል ፤ ያከማቻል ፤ ይተነትናል፤ ጥቅም ላይ እንዲውሉም ያደርጋል፤
፲፯· በተፈጥሮ ሀብት ልማትና አካባቢ ጥበቃ የኅብረተሰቡ ግንዛቤ እንዲዳብር ያደርጋል፤
፲፰· የንብረት ባለቤት ይሆናል፤ የውል ስምምነት ያደርጋል፤ ይከሳል ፤ ይከሰሳል፤
፲፱· ዓላማውን ከግብ ለማድረስ የሚረዱ ሌሎች ሥራዎችን ያከናውናል።

፲፩· <u>የባለሥልጣኑ ኃላፊ ሥልጣንና ተግባር</u>

የባለሥልጣኑ ኃላፊ፡-

፩· የባለሥልጣኑን ሥራዎች በበላይነት ይመራል፤ ያስተዳድራል፤
፪· የባለሥልጣኑን የሥራ ዕቅድና በጀት ያዘጋጃል፤ ሲፈቀድም በፋይናንስ ደንብ መሠረት ሥራ ላይ ያውላል፤
፫· የመንግሥት ሠራተኞች አስተዳደርን ሕግና ደንብ በመከተል ሠራተኞችን ይቀጥራል፤ ያስተዳድራል፤ ያሰናብታል፤
፬· የባለሥልጣኑን የባንክ ሂሣብ ይከፍታል ፤ ያንቀሳቅሳል፤
፭· ከሦስተኛ ወገን በሚደረጉ ግንኙነቶች ሁሉ ባለሥልጣኑን ይወክላል፤

10. undertake or cause to be undertaken the construction of development infrastructures within state forests, parks, sanctuaries and other conservation areas;
11. accuse judicially any person who caused damages to forest and wildlife resources;
12. preserve or cause to be preserved the region's biological resources and cultural heritage associated with natural resources and regulate the utilization of the same;
13. regulate and follow up that any development body shall conduct environmental impact assessment;
14. regulate the disposal of different pollutants and waste substances from factories, cities and other places not to pollute the environment and ecosystem and take proper action if it caused any damage;
15. based on the situation of the region, formulate environmental standards and regulate their implememntation by the respective institution;
16. collect, store and analyze the environmental economic data and make them available for use;
17. promote and develop public awareness on natural resources development and environmental protection;
18. become of the owner of the property, enter into contract, sue and be sued;
19. perform other pertained duties necessary for achieving its objective.

11. *Power and Duties of the General Manager.*

The General Manager of the Authority Shall:

1. direct and administer the activities of the authority;
2. prepare the work program and budget of the authority and, upon approval, implement the same in accordance with financial regulations;
3. employ, administer and dismiss employees in accordance with civil service laws;
4. open and operate bank accounts of the authority;
5. represent the authority in all dealing with third parties;

www.abyssinialaw.com



6) Sochii hojii Abbaa Taayitichaa ilaalchisee gabaasa ni dhiyeessa;
7) Hojii isaa fixaan baasuuf barbaachisaa ta'ee yoo argame, aangoo fi hojii isaaf keennameef keessaa ittigaafatamtoota isaa gadii jiraniif bakka bu'iinsa ni kenna;
8) Akka barbaachisaa ta'eetti hojiiwwan biraa kan walfakkaatu ni raawwata.

12. *Baajata Abbaa Taayitichaa*
Maddi baajata Abbaa Taayitichaa:
1) Baajata mootummaan ramadu;
2) Gargaarsaa;
3. Galii keessaa ta'a.

13. *Ooditii Abbaan Taayitichaa:*
1) galmee herregaa guutuu fi sirrii ta'e ni qabaata;
2) harshamee herrega isaa waggatti si'a tokko Ogganaa Mana Hojii Ooditii Ol'aanaa Oromiyaatiin ykn nama inni bakka buusuun ooditii ni taasisa.

14. *Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu*
Koreen hojjii raawwachiiftuu Labsii kana hojii irra oolchuudhaaf Dambii ykn qajeelfama baasuu ni danda'a.

15. *Dirqama Deeggarsaa*
Namni kamiyyuu Labsii kana hojii irra olchuuf sochii Abbaa Taayitichaaf deeggarsa gochuu qaba.

16. *Seeroota Raawwatama Hinqabne*
Seerri ykn qajeelfamni ykn haali hojii Labsii kana wajjin walfaallessu kamiyyuu dhimoota Labsii kana keessatti ibsaman irratti raawwachiinsa hinqabaatu.

17. Yeroo Labsiichi Hojii Irra Oolu
Labsiin kun Waxabajjii 30 bara 1993 irraa kaasee hojii irra ni oola.

Finfinnee, Waxabajjii 30 bara 1993

KUMAA DAMMAQSAA,
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

፮· የባለሥልጣኑን የሥራ እንቅስቃሴ በሚመለከት ሪፖርት ያቀርባል፤
፯· ሥራውን ከግብ ለማድረስ አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ ከተሰጠው ሥልጣንና ተግባር በሙሉ ወይም በከፊል በሥሩ ላሉት ኃላፊዎች ውክልና ይሰጣል፤
፰· እንደአስፈላጊነቱ ሌሎች ተመሳሳይ ሥራዎችን ያከናውናል።

፲፪· <u>የባለሥልጣኑ በጀት</u>
የባለሥልጣኑ የበጀት ምንጭ፦
፩· መንግሥት የሚመድበው በጀት፤
፪· እርዳታና
፫· የውስጥ ገቢ ይሆናል።

፲፫· <u>ሂሣብ ምርመራ</u>
ባለሥልጣኑ ፦
፩· የተሟላና ትክክለኛ የሆነ መዝገብ ይኖረዋል፤
፪· የሂሣብ ዶክሜንቶቹን በዓመት አንድ ጊዜ በኦሮሚያ ዋና ኦዲተር መሥሪያ ቤት ኃላፊ ወይንም እሱ በሚወክለው ሰው ያስመረምራል።

፲፬· <u>ደንብና መመሪያ የማውጣት ሥልጣን</u>
ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ ይህን አዋጅ በሥራ ላይ ለማዋል ደንብ ወይንም መመሪያ ሊያወጣ ይችላል።

፲፭· <u>የመተባበር ግዴታ</u>
ማንኛውም ሰው ይህን አዋጅ በሥራ ላይ ለማዋል ለባለሥልጣኑ የሥራ እንቅስቃሴ ድጋፍ መስጠት አለበት።

፲፮· <u>ተፈጻሚነት የሌላቸው ሕጎች</u>
ይህን አዋጅ የሚቃረን ማናቸውም ሕግ ወይም መመሪያ ወይም አሠራር በዚህ አዋጅ ውስጥ በተመለከቱት ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖረውም።

፲፯· <u>አዋጁ የሚጸናበት ጊዜ</u>
ይህ አዋጅ ከሰኔ ፴ ቀን ፲፱፻፺፫ ዓ·ም ጀምሮ የፀና ይሆናል።

ፊንፊኔ፦ ሰኔ ፴ ቀን ፲፱፻፺፫ ዓ·ም

ኩማ ደመቅሳ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት
ፕሬዚዳንት

6. submit reports on the activities of the authority;
7. delegate full or part of his power and duties to his subordinate officials to the extent necessary for discharging his duty;
8. perform other pertained duties as are found necessary.

12. *Budget of the Authority*
The source of the budget of the Authority shall be:
budget allocated by state;
2. aid;
3. internal revenue.

13. *Audit.*
The Authority Shall:
1. keep complete and proper book accounts;
2. cause to be audited its financial documents by the Oromiya General Auditor Office Head or his representative.

14. *Powers to issue Directives.*
The Executive Committee shall have the power to issue regulations or directives for implementing this proclamation.

15. *Duties to cooperate.*
Any person shall have the duty to provide assistance for the authority in implementing this proclamation.

16. *Inapplicable laws.*
Any law, regulations, directives or practices which are inconsistent with this proclamation shall not apply with respect to matters provided for in this proclamation.

17. *Effective Date.*
This proclamation shall enter into force as of the 7th day of July 2001

Done at Finfinne, this 7th day of July 2001

Kuma Demeksa
President of the Oromiya Regional State.

ብርሃንና ሰላም ማተሚያ ድርጅት ታተመ
BERHANENA SELAM PRINTING ENTERPRISE